

# HAQOOTA ARIIFACHIISOO: TALAALLIWWAN COVID-19 FI ULFA

## Odeeffannoo dogongoraa waa'ee talaalliwwan COVID-19 fi Ulfa hedduutu jiru. Mee haqoota beekamoo ta'an tokko tokko haa ilaallu!

**Talaalliwwan COVID-19 ulfa dura, yeroo ulfaa, fi boodas naga-qabeessodha.**
Talaalliin yeroo ulfaa dhukkuba COVID-19 hamaa irraa eegumsa taasisuuf American College of Obstetricians and Gynecologists (ACOG, Kolleejjii Ogeessota Daa'immanii fi Dubartootaa Ameerikaa) fi Centers for Disease Control and Prevention (CDC, Wiirtuwwan Too'annoo fi Ittisa Dhukkubaatin) ni gorfama.

**Namoonni ulfa ta'an yoo COVID-19 dhan qabaman, carraan dhukkuba hamaa fi rakkoolee walxaxoo qabaachuu isaanii olaanaa dha.**
Yeroo ulfaa yookan boodaa COVID-19 dhan garmalee dhukkubsachuun, carraa hospitaala ciisuu veentileetara barbaadu, rakkoolee walxaxoo yeroo ulfaa, yeroo malee da'uu, yookan du'aa da'uu haalaan dabaluu mala.

**Talaalliwwan COVID-19 mudoowwan dhalootaa, ulfa baasuu, yeroo malee dhalachuu, du'ee dhalachuu, yookan rakkoolee biroo akka fidu ragaan agarsiisu hin jiru.**
Haa ta'u malee, dhukkubni COVID-19 rakkoolee kanneen akka fidu beekamee jira.

**Yoo harma hoosisaa jiraattan, talaallii fudhachuun naga-qabeessadha.**
Aannan harmaa hanga umuriin isaa ji'a 6'tti talaallii fudhachuuf ulaagaa guututti, dhukkuba COVID-19 irraa eegudhaaf gargaaruf farra qaamota alaa daa'ima keessaniif dabarsuu mala.


**Qabeenyota:**

Talaalliwwan COVID-19 Yeroo Ulfaa yookan Harma Hoosisan (cdc.gov) | https://www.cdc.gov/coronavirus/2019-ncov/vaccines/recommendations/pregnancy.html Ingiliffa, Ispaanish, Afaan Kooriyaa, Veetinaamiffaa, fi Chaayiniffa qofa)

Namoota Ulfaa fi Yeroo Dhihoo Ulfa Turan | CDC | https://www.cdc.gov/coronavirus/2019-ncov/need-extra-precautions/pregnant-people.html (Ingliffa qofa)

Talaalliwwan COVID-19 fi Ulfa: Waan Beekuu Qabdan | Johns Hopkins Medicine | https://www.hopkinsmedicine.org/health/conditions-and-diseases/coronavirus/the-covid19-vaccine-and-pregnancy-what-you-need-to-know (Ingliffa qofa)


Washington State Department of HEALTH

Sanada kana bifa biraatin gaafachuudhaf, 1-800-525-0127 irratti bilbilaa. Maamiltootni dhaga'uu irratti rakkoo qabdan yookan dhaga'u hin dandeenye, 711 (Washington Relay) irratti bilbila yookiin imeelii civil.rights@doh.wa.gov irratti erga.

Vaccinate WA

CovidVaccineWA.org

DOH 825-049 August 2023 Oromo